Bulchaan tokko bulchaa ga'eessaa fi bu'a qabeessa ta'uudhaaf dirqama akka dhuunfaa isaatti nama keessoon isaa jabaa ta'uu qaba. Ta'uu baannaan ofiifis ta'ee bulchiinsa bulchu sanaafis bu'aan inni buusu osoo jiraatee kufiinsa qofa.

Kanumaafis Rabbiin keenya (S.W) ergamaa isaa Muhammadiin hunda dura keessoo isaanii akka jabeessanu gochuun bulchiinsaaf kan inni isaan qopheesse.

Fakkeenyaaf ergamaan keenya Muhammad (S.A.W)ummata biratti beekamtii argatanii ummataaf daandii jiruuf jireenyaa ta'uu isaaniitiin duratti Rabbiin Qur'aana itti buusee ***"Yaa namtichi of mammartee jirtu:halkan dhaabbadhu(salaati) : qixxee isaa ykn ammoo xiqqoodhuma hir'isi : ykn ammoo qixxeerras dabarsi Qur'aanas suuta seeraan qara'i : nuti jecha jabaa wa'ii sitti gatuuf adeemna."***[7] jedhe.

Keyyattoota (aayatoota) Qur'aanaa kanneen keessatti durarraa yoo ilaalle ergamaan keenya Muhammad keessoon isaanii akka jabina qabaatu kan akeeku yoo ta'u. Xumura irratti ammoo maaliif jajjabinni kun akka barbaachise akeekuuf jecha *"nuti jecha jabaa ta'e tokko sitti gatuufi (dhimma jabaa tokko sitti kennuufi)"* jechuun isaan hubachiise.

[7] Suuraa Al-Muzzammil (Boq. 73 : Lakk. 1 - 5)

Kun bulchiinsa tokkoof bulchaa ta'anii tajaajiluun dhimma jabaa akka ta'ee fi dhimma jabaa sana kan baachuu danda'u namoota jabina keessoo qabanu akka ta'an nuuf ibsa.

Kanaafuu ga'umsa bulchaa tokkootiif jajjabinni keessoo isaa murteessaa akka ta'e hubachuu dandeenya.

II. Jiruu isaatiinis ta'ee maaddii barnootaa irraa kuufataa muuxannoolee hedduu ta'uu qaba.

Bulchaan tokko bulchiinsa isaa keessatti bulchaa ga'umsa qabu ta'uuf dhimmi ijoon tokko. jiruu fi jireenya isaarraas ta'ee akkasumas maaddilee beekumsaa adda addaa irraa muuxannoo ga'aa argachuu qaba.

Rabbiin (S.W) ergamoota isaa erguun dura tiksitoota busaayee[8] isaan gochuun maalummaa tikaa isaan hubachiise. Muuxannoolee ga'aas akka argatanu isaan taasise.

Akka fakkeenyaatti ergamaa keenya Muhammadiin (S.A.W)yoo fudhanne. Rabbiin (S.W) akkuma ergamoota kaanii isaaniinis tiksee re'ee isaan gochuun muuxannoo akka fudhatanu isaan taasiseera. Kana malees daldala irrattis isaan hirmaachiseera.

Akkasumas utuu hin ergamin dura waggaa isaanii 35tti yeroo ijaarsa ka'abaatiif haaromsi godhame sanatti *"hajaral-aswad"*iin gosti kam bakkatti deebisuu akka qabu irratti wal-dhabbiin uumamee ture.

[8] Re'ee fi hoolaa.

Guyyaa sana Nabi Muhammad araara gidduu jaraatti buusaniin wal-dhabbii tokko malee xumuruu danda'aniiru. Kunis haqummaa fi walii galchuu keessatti muuxannoo akka argatanu isaan taasiseera.

Nabi Daawudiinis (A.S) yoo ilaalle Rabbiin gaafa malaa'ikoota lama namoota walitti bu'an fakkeessuun gara isaatti ergee akkanni haqummaan murteessu yeroo godhu. Kunis bulchaan mudannoo jiruu isaa irraa muuxannoo bulchiinsa isaaf isa barbaachisu akka fudhachuu qabu nuuf mallatteessa.

Kanumaafis kan beektonni tokko tokko *"Namni tokko saayinsii bulchiinsaa baratee bulchaa ta'uu hin danda'u. Bulchaa ta'uuf barnoota saayinsii bulchiinsaa caalaa muuxannoo mudannoo jiruuf jireenyaa irraa argamutu caala."* Jechuun nuuf ibsu.

Dhugaadha. Tarii bulchitoota hedduu barnoota ga'aa qabaatanii bulchuun tabba guddaa dhiibuu itti ta'ee fi bulchitoota tarii barnoota ga'aa hin qabne. tarii ammoo dameen barnootaa kan jarri baratan kan bulchiinsaan wal hin qabanne osoo ta'ee jiruu bulchuu keessatti milkaa'ina guddaa kan argatan nu mudataniiru ta'a maaltu beeka?!.

Kana jechuun garuu namoonni saayinsii bulchiinsaa baratan bulchuu hin danda'anu jechuu miti. Bulchaan barnoota saayinsii bulchiinsaa qabuu fi akkasumas muuxannoo ga'aas

qabu milkaa'ina bulchiinsichaatiif daran barbaachisaa akka ta'e shakkii hin qabu.

Egaa bulchaan kamiyyuu muuxannoo jiruu fi jireenya isaarraa akkasumas maaddilee barnootaa adda addaa irraa argachuu akka qabu hubachuu dandeenya.

III. Qulqullinaan hojjechuuqaba (quality)

Bulchiinsa tokko keessatti qulqullinaan hojjechuun ulaagaalee ijoo fi akkaan barbaachisoo ta'an keessaa isa tokko. Bulchaan bulchiinsa isaa keessati qulqullinaan hin hojjetu taanaan ofis ta'ee bulchiinsa sana balaa guddaadhaaf saaxila.

Hubannee yoo ilaalle yeroo amma keessa jirru kana addunyaa keessaa biyyi ummanni isii mootummaa hin komanne, hin mormine,... mee biyya kami?! An hin beekuufan isin gaafadhe.

Yoo jiraatellee biyyoonni hedduun wal-amantiin gidduu mootummaa fi ummataa jiru akka xiqqoo ta'e waan hunduu quba qabu dha.Uumamuu dhibee kanaatiifis sababni inni guddaan dhabamuu qulqullinaati.

Ammas daballee yoo ilaalle addunyaa irratti caasaalee mootummaa kam keessattuu caasaan qixxeedhaa ol ta'u dhimmoota hojimaata mootummaa raawwachiisuuf osoo hin taane hojimaata kana keessatti qulqullinni akka jiraatuuf kan hundaa'ani dha.

Fkn;- dhimma nageenyaa, dhaabbata poolisii, farra malaammaltummaa, dhimma dubartootaa fi daa'immanii,... fi kanneen biroos waamuun ni danda'ama.

Haa ta'u malee *"dhaabbileen qulqullina hojimaataa mirkaneessuuf dhaabbatan kunneen hoo ofumaafuu hangam qulqullina qabu?!"* Yoo jennee ilaalle deebiin isaa maal akka ta'uu danda'u hunduu ofumaaf akka deebisun affeera. Sababni isaas ifa waan ta'eef.

Osoo dhaabbileenumti qulqullina mirkaneessuuf dhaabbatan qulqullina qabaatanii tarii abdiin ni jiraata ta'a. Yoo ammoo jarrumti qaama jara qulqulleessu kan biraa barbaadu ta'e hoo?... Rakkisaadha.

Kanumaafi kan wal-amantiin gidduu ummataa fi bulchitootaa jiru haphataa adeemeef. Ummanni hunduu jechuu baannus irra hedduun isaa utuma mootummaan waan ummata fayyadu tokkollee hojjetee *"Nuuf hojjete."* Jedhee hin amanu. *"Nu fayyaduuf osoo hin taane ofiif waa irraa fayyadamuufi."* Jedhee shakkaa jiraata. Sababni isaas hojimaata keessatti qulqullinni hin jiru waan ta'eefi.

HadiisaMuslim nuuf odeesse. Hadiisa dheeraa gaaffii fi deebii gidduu Rasuula keenya Muhammad (S.A.W) fi Malaa'ikaa Jibriil (A.S) tti geggeeffame keessatti gaaffilee jiran keessaa tokko Arkaana Ihsaanaa (toltuu) ti. Beektonni Islaamaa yeroo toltuu sana keessatti ibsa kennanu akkas jedhu.

"Jibriil yeroo Rasuula waa'ee Ihsaanaa (toltuu) irraa gaafatu Arkaana Islaamaa fi Arkaana Iimaanaatti aansuun gaafate. Sun kan inni nuuf akeeku namni toltuu irratti hirmaachuu danda'u jalqaba Islaamummaa argachuu qaba itti aansuunis Iimaana argachuu qaba.

Jarreen kun lameen milkaa'ina dhuunfaa isaarratti dhiibbaa geessisu. Xumura irratti ammoo toltuu irratti hirmaachuun isaa ofirra dabree akka qaama biraatiifis oolu nu hubachiisa." Jedhu.

Kanumatti aansuun beektonni akka Ibnu Usaymin fa'a toltuu kana itti gaafatamummaadhaan erga wal-qabsiisaniin booda bakka sadi'itti qooduun kaa'u. Isaanis;-

1) Hojimaata keessatti qulqullina qabaachuu.
2) Hojimaata keessatti to'annoo ga'aa keessa of jiraachisuu. fi
3) Toltuu (gaarummaa)dhumamataa isaati.

Ibsa beektotaa kana keessatti namni tokko kan inni toltuutti ga'uu danda'u sadarkaalee Islaamummaa argachuu fi Iimaana qabaachuutti aansuun akka ta'e hubanna. Akkasumas toltuu irratti hirmaate jedhamuuf ammoo ulaagaalee barbaachisanu keessaa tokko hojimaata keessatti qulqulleessanii hojjechuudha.

Kanaafuu bulchaan tokko bulchiinsa isaa keessatti bulchaa dhaloota jiruuf gammachuu, dhaloota dhufuuf ammoo abdii kan inni ta'uu danda'u yoo hojimaata isaa qulqullinaan geggeesse qofa akka ta'e hubanna.

IV. To'annoo ga'aa keessa of jiraachisuun ofiin of to'achuu.

Ulaagaan inni kunis ulaagaa sadaffaa irratti kaafnee dabarsineen wal-qabata. Haa ta'u malee ulaagaa mataa isaa danda'e waan ta'eef addatti hubachuun keenya barbaachisaa dha.

Akkuma armaan olitti dubbannee dabarsine beektonni Islaamaa qoqqooddii Ihsaanaa(toltuu)f godhan keessaa tokko namni sun to'annaa barbaachisaa jala of jiraachisuun to'annoo nama tokkootiin maletti *"yoo namni na to'atu hin jiraannes Rabbiin na to'atu jira."* jedhee ofiin of to'achuu danda'uu dha.

Utuu kun jiraatee silaa rakkinni bulchiinsa biyyoota hedduu ni furama ture. Wal-dhabbiin gidduu bulchaa fi hordoftootaa akkasumas ummataa furmaata argata ture.

Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle dhaabbata tokko keessatti abbaan dhaabbatichaa jalqaba namoota hojii sana isaaf hojjetanu ramada. Itti aansuun kutaa kutaa hojii irratti ammoo to'attoota hojjettootaa sana *"sa'atii meeqatti galani?, sa'atii meeqatti ba'ani?, hojjetaa jiru moo hojjetaa hin jiranu?,..."* jedhaa to'atanu irratti ramada.

Ittuma aansee to'attoota kana ammoo nama to'atu humna dabalataa ramada. Xumura irrattis ofii isaatiif to'ataa sana to'ata.

"Ramaddiin kun hundi kan inni barbaachiseef maaliifi?" jennee yoo ilaalle. Sababni inni guddaa fi inni ijoon ramadamtoonni itti gaafatamummaa jaratti kenname keessatti amanamanii ofiin of to'atanii itti gaafatamummaa ofii waan hi ba'anneefi.

Osoo sun jiraatee silaa hojjechiisaan gatii hojjettootaaf kaffaluu qabu kaffalee hojjettootatti kennuu qofatu irraa eegama. Hojjettoonnis itti gaafatamummaa fudhatan seeraan bahachuun gatii barbaachisaa fudhatu ture.

Gama bulchiinsaattis yoo dhufne kanumaan wal-fakkaata. Sababni isaas akkuma dura dubbanne namni hunduu hojimaanni inni irratti bobba'e wal-dhabus itti gaafatamummaa keessatti wal-fakkaataa akka ta'e haasofnee turre.

Mee haa xiinxallu. Akka biyya keenyaatti gabaabsinee yoo ilaalle. Bulchaan gandaa tokko tajaajilli inni ummata tajaajiluuf ramadamee fi hangi inni tajaajilaa jiru yoo wal-bira qabamee ilaalame hangam wal-sima?! Dubbiifuu nama rakkisa.

Garuu bulchaan sun bulchiinsa isaa keessatti *"Namni na to'atu dhibus gooftaan itti gaafatamummaa natti kenname irratti na to'atu na gubbaa jira."* Jedhee ofiin of to'achuun dirqama isaati.

Yoo hin ta'in bulchaa fi ummatoota gidduutti wal-dhabbii uumamuun bulchiinsi sun akka balaa guddaadhaaf saaxilamu godha.

Kanaafuu bulchaan kamuu bulchiinsa isaa keessatti to'annoo barbaachisu ofirratti gochuun dirqama isaati.

Kabajamtoota dubbistoota.Ulaagaalee armaan olitti jiranuuf hagas yoo waliin jenne. Kanneen armaan gaditti jiranuuf ammoo mata-duree fuul-duratti itti adeemnu keessatti ni argattu. Akkuman dura jedhe yeroo Umar ibnu Abdul'aziiz gara aangootti dhufu beektonni bifa xalayaa fi gorsa kallattiitiin gorsa jaraa eeraniifii turan.

Sana keessatti akka xiinxaltanuu fi akkasumas kitaabban wabiif xumura irratti kaayaman irraa akka argattanu isin hubachiisuun barbaada.

Egaa ulaagaalee beektonni Islaamaa *"Bulchitootaaf barbaachisoodha."* jedhanii kaayan keessaa kanneen armaan gadiis lakkaawamoo waan ta'aniif tarreessinee haa tarru.

- Jiruu biyya lafaatiif dantaa dhabuu. (zaahid)
- Hanga dandeettii isaatiin Rabbiin sodaachuu.
- Gabbarsuu Rabbii keessatti jajjabina qabaachuu.
- Haqummaa qabaachuu. (adlii)
- Hariiroo man-kuusa qabeenya ummataa waliin qabu seera qabeessa gochuu.
- Gara laafina qabaachuu.
- Cubbuu irraa fagaachuu
- Jaalala ummataa qabaachuu.
- Amala gaarii qabaachuu.
- Gad of qabuu.